Gadaa Journal/ Barruulee Gadaa

Vol. 1 No. 2 June 2018
https:www.ju.edu.et/gj

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromoo Studies (IOS) Jimma University

---

# Fufiilee Heddummina Maqaa Barumsa Afaan Oromoo Keessatti: Maleenyaa Xinqooqa Hujootiin Rakkoo Addaan Baasuufi Furmaata Barbaaduu

**Addunyaa Barkeessaa** *
**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**
**Imeelii: barkiikoo2011@gmail.com**

## Axeerara

*Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaa qoqqooddiifi fayyadama fufiilee heddummina maqaa agarsiisan irratti rakkoowwan mul'atan addaan baasuun furmaata heeruudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala akkamtaatti kan dhimma ba'ame. Maddi ragaalee qorannichaaf barbaachisaniis waraqaalee qorannoo digirii lammataa, kitaabota wabiifi kitaabota barattoota 9-12 kan yeroo amma hojiirra jiranidha. Maddeen ragaalee kunis akkaayyoodhaan 'purposive sampling' filataman. Waraqaalee qorannoofi kitaabota kana sakatta'uun ragaaleen qorannichaaf walitti qabamanis garee gareetti qoodamuun xiinxalamanii jiru. Xiinxalli ragaalee akka agarsiisutti, rakkoowwan bu'uuraa fufiilee maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisan irratti mul'atan karaa saayinsawaa ta'een qoqqoodamuufi ibsamuu dhabuudha. Akka furmaata rakkoo kanaatti, afaanichaa keessatti fufiilee haala idilee keessatti heddummina maqaa agarsiisuuf idilummaa qaban ragaa afaanicha keessaa yaaxxina afaaniitiin walqabsiisuun qoqqoodamuun ibsamanii jiru.Kana keessatti haquu, saaguufi dhamjechaafi firjecha addaan baasuun akka seerota Xiindhamsagaafi Xinjechaatti dhimma itti bahamanii jiru. Bu'uuruma kanaan,* fufiileen Afaan Oromoo keessatti heddummina maqaa agarsiisuuf *idilummaa qaban* {*-n, -an, -lee, -olii, -ii, -oota* fi *-faa*} *akka ta'an addaan bahuun ibsamanii jiru. Seeronni fufiileen kun hordofanii maqaatti maxxanuun heddummina agarsiisan dubbachiistuu dhuma jechaarraa'terminal vowel'fi dubbifamaa hundee/bu'uura jechaarraa akka bu'uureffatu qorannoon kun agarsiisee jira.*

***Jechoota ijoo**: Maleenyaa Xinqooqa Hujoo, barumsa afaanii, maqaa, fufiifi fiifii heddumminaa*

---



* Corresponding author.

## Abstract

*The objectives of this paper are identifying problems related to parsing and using the noun plural markers in teaching Afaan Oromoo, and suggesting solutions for the problems. To attain the objectives, qualitative research methodology is employed. Sources of the data required for the research are MA research papers, the currently used Afaan Oromoo textbooks for Grade 9-12, and reference books that serve for the grades. The data collected from the selected sources through document analysis was categorized and analyzed qualitatively. The results of the analysis show that the basic problem related to noun plural markers in teaching Afaan Oromoo are inadequate description and inappropriate parsing of the markers. As a solution for the problems, the noun plural markers of the language were scientifically parsed and adequately described using empirical data from the language. Deletion, insertion and identifying the difference between morphemes and allomorphs are the phonological and the morphological rules employed in the description. As a result of the scientific description, the regularly used plural markes in Afaan Oromo, in a formal context, are identified as {-n, -an, -lee, -olii, -ii, -oota fi -faa}. These regular plural markers are attached to nouns based on the types of the terminal vowels and the consonants existing on the root/base of the words in the language. The paper also recommends that the Oromo Language Standardization Committee needs to be responsibled for the problems related to the inconsistent use of the plural markers.*

***Keywords**: Applied Linguistics Approach, language instruction, noun, parsing, plural markers*

---

## 1. Seenduuba

Afaan wiirtuu hojii hawaasaati. Hawaasni tokko afaan isaatiin yaadee afaan isaatiin karoorsee afaanuma isaatiin raawwata (Lyons, 1981; Wareing and Thomas, 1999; Cook, 2003 fi Yule, 2006). Fakkeenyaaf, hawaasa tokko waa'ee barachuufi barsiisuu yaaduu, karoorsuufi raawwachuu kan isa dandeessisu afaan isaati. Ga'een afaan hojii barachuufi barsiisuu keessatti qabu karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Karaan inni tokko, afaan barumsaa 'Medium of Instruction' ta'uudha. Afaan tokko yoo afaan barumsaa ta'e, akaakuuwwan barumsaa kanneen birootu ittiin baratamu. Kun ammoo saayinsiifi teeknooloojii ittiin dagaagsuuf carraa guddaa argamsiisa. Karaan inni biraa, barumsa afaanii 'Language Instruction' ta'uudha. Kun ammoo afaan tokko barachuufi barsiisuu ilaallata. Afaan barachuufi barsiisuun ammoo beekumsa caasaa afaan tokkoo horachiisuufi ogummaawwan afaanichaa gabbifachiisuu irratti xiyyeeffata (Cantoni, 2007; Juffermans, 2010; Knox and Burns, 2005 fi Frajzyngier and Shay, 2008). Kun hubannoo caasaa dhamsagaa, jechaafi himaa addaan baasuun itti fayyadamuu bu'uureffata. Hayyoonni Xinqooqa Ibsaas keessoo caasaalee kanaa xiinxaluun ibsu (Chomsky, 1965; Hapelmath, 2002 fi Firomkin, 2003). Hayyoonni Xinqooqa Hujoo (Applied Linguists)[*], keessumaa hayyoonni barumsaa, ammoo caasaalee ibsamaniifi beekumsa addaan bahe manneen barnootaatti geessuun barsiisuufi

[*] Xinqooqa Hujoon 'Applied Linguistics' dameelee gooroo Xinqooqaa keessaa tokko ta'ee, rakkoo qabata afaaniitiin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti mul'atan addaan baasuufi furmaata barbaaduurratti saayinsii xiyyeeffatudha (Davies, 2007 fi Cook, 2003).

rakkoo sanaan walqabatu addaan baasuun furmaata barbaaduurratti xiyyeeffatu (MacCarthy, 1991; Halliday, 1994 fi Davies 2007).

Jijjiirama siyaasaa bara 1991 Itoophiyaa keessatti taasisame hordofuun, akkuma afaanota sabaafi sablammoota biroo, Afaan Oromoo afaan barumsaafi barumsa afaanii ta'ee tajaajiluu eegale. Achirraa kaasee, akka afaan barumsaatti, kutaa 1-8 fi kolleejjota leenjii barsiisotaa keessatti akaakuuwwan barumsaa kanneen biroo ittiin baratamaa jiru. Kana tumsuun kitaabni barataa, qajeelchi barsiisaafi kitaabonni wabiis afaanichaan barreessamanii dhimma itti bahamaa jiru. Dhiyeenya kanas, Dhaabbanni Qo'annoo Oromoo Yuunvarsiitii Jimmaatti hundeeffamuun dhimmoota Oromoo hunda irrattuu afaanichaan qorachuufi maxxaansiisuunis eegalee jira. Garuu, Afaan Oromoo kutaa 9-12 fi Yuunvarsiitii keessatti saayinsiin uumamaafi teekinooloojiin ittiin baratamaa hinjiru. Akka barumsa afaaniitti ammoo kutaa tokkoo hanga yuunvarsiitiitti, digirii tokkoffaa hanga digirii sadaffaatti afaan, ogbarruufi fookilooriin hawaasichaa baratamaa, qorannoofi qo'annoonis irratti gaggeessamaa jira. Afaan Oromoo, kan mata dureen qorannoo kanaa keessatti haammatamu, dhimmoota hawaasichaa kan dhaabbilee barnootaa ol aanaatti baratamaa jiran keessaa isa tokko jechuudha. Kun ammoo caacculee 'components' afaan Oromoo dhamsaga, jecha, hima, hiikaafi haallan caacculeen kun keessatti tajaajilan haammata. Caacculee afaanichaa kunneen keessaas murtaa'inaan mata dureen waraqaa qorannoo kanaa caasaa jechaa keessatti xiinxalama.

Qo'annaan caasaa jechoota Afaan Oromoo irratti gaggeessame, fufiileen afaanichaa irra caalaa duraafi duubaan jechatti maxxanuun garee jechaa jijjiiruu ykn tajaajila caaslugaa agarsiisuu akka danda'an ibsa (Abarraafi kanneen biroo, 1998; Geetachuu, 2017 fi Addunyaa, 2016). Tajaajila caaslugaa fufiileen afaanichaa agarsiisan keessaa tokko lakkoofsa. Fufiileen lakkoofsaa, Afaan Oromoo keessatti, waan hedduu ta'e isa qeenteerraa addaan baasuuf, maqaa, maqibsaafi gochima irratti mul'atu (Abera, 1982; Catherine, 2001 fi Addunyaa, 2011). Waraqaan qorannoo kun haala fufiileen heddummina maqaa agarsiisan kitaaba barataa, kitaaba wabiifi waraqaalee qorannoo digirii lammataa keessatti ittiin dhiyaatan xiinxala.

Afaan Oromoo keessatti fufiilee maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisan kamtu looga afaanichaa keessatti akka argamaniifi kamtu ammoo waalta'uun haala idilee keessatti akka tajaajilan qorannoon addaan baase hinjiru. Kanaafuu baay'inniifi akaakuun fufiilee sanaa inni afaan dubbiifi afaan barreeffamaa keessaa waluma fakkaata. Rakkoon inni kun qabu qorannoo biraa barbaada. Waraqaan qorannoo kun garuu fufiilee heddummina maqaa agarsiisuun haala idilee keessatti ittiin baratamaa jiran irratti rakkoowwan mul'atan xiyyeeffata. Qorannoo kana gaggeessuuf kan na kakaases muuxannoo ani fufiilee barumsa afaanichaa keessatti tajaajilaa jiran irratti qabudha. Aniifi hiriyoonni koo, yeroo Afaan Oromoo barachaa turre, fufiilee maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisan irratti gaaffiileen nuyi kaasaa turre, yeroo ani afaanicha barsiisaa jiru kanattis deebii waan argatan hinfakkaatan. Fakkeenyaaf, haala idilee keessatti fufiileen heddummina maqaa agarsiisan -*olii* moo -*lii, -wwan -an,* moo -*n*? moo hunda? Jechi *gaaffii* jedhu haala idilee keessatti -*wwan, -otaa* moo -*lee* fudhachuutu sirriidha? Looga Afaan Oromoo keessa fufiileen hunduu

jiraachuu danda'u ta'a. Haala idilee keessattis akkasuma? gaaffiilee jedhan maqaa dha'uun nidanda'ama.

Hangan beekutti kitaabota barreessamaniifi waraqaalee qorannoo afaanichaan gaggeessaman keessatti fufiileen heddummina maqaa agarsiisan akkaatuma looga garaagaraa keessatti mul'ataniin dhimma itti ba'amaa jiru. Fakkeenyaaf, qorannoowwan geggeeffaman keessattis ta'ee kitaaba wabiifi kitaaba barataa keessatti *meeshaalee, meeshaaleewwan, meeshota, gaaffiilee, gaaffiileewwan, gaaffota* jechuun dhimmi itti bahamaa jira (Tesfaayeefi kan biroo, 2012; Tashoomeefi kan biroo, 2012; Tasfaayee, 2017 fi Abarraafi kan biroo, 1998). Kana malees, si'a tokko -*olii*, si'a biraa -*lii*, si'a biraa ammoo -*ii* taasisuun jechuma tokkotti maxxansuun heddummina agarsiisuutu mul'ata (Abarraafi kan biroo, 1998). Haaluma olitti agarru kanaan looga afaanichaa keessas jiraachuu malu. Loogni afaan dubbiiti. Garaagarummaan akkasii keessatti mul'achuunis dirqama. Afaan barreeffamaa ammoo haala walfakkaatuun barreeffamaan walquunamtii uumuufi afaanicha waaltessuu irratti xiyyeeffata. Yeroo ammaa kana, barattoonni Afaan Oromoo 9-12 kitaabuma tokkoon waan barataniif, 'Afaan Oromoo isa waalta'aa' jedhamee kan baratamu afaan kitaabonni barumsaa ittiin qophaa'an 'textbooks' language' ta'uu mala. Kanaafuu, fayyadamaafi qoqqooddii fufiilee heddummina maqaa agarsiisan kan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan irratti garaagarummaan akkasii mul'achuun rakkoo natti fakkaata. Hanga ani beekutti ammoo rakkoo gama kanaan mul'atu irrati qorannoo gaggeessee namni furmaata barbaade hinjiru. Kanarraa ka'uun, gaaffiileen afaanicha keessatti 1) fufii heddummina maqaa agarsiisan fayyadamuurratti rakkoo akkamiitu mul'ata? 2) fufiileen maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa 'regularity' qaban kam fa'i? 3) fufiileen heddummina maqaa agarsiisan seera akkamii hordofu? gaaffiilee jedhaniif qorannoon kun deebii laachuu yaala.

## 2. Sakatta'a Barruuwwanii

### *2.1. Seensa*

Kutaa kana jalatti barruuwwan ykn yaadrimeewwan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qabantu sakatta'amu. Sakatta'iinsi kunis barumsa afaaniifi gumaacha Xinqooqni Hujoon barumsa afaaniitiif taasisu yaada beektotaa mil'achuun eegala. Kana keessatti barumsi afaanii maalirratti akka xiyyeefatuufi xiyyeeffannoon isaas maal akka ta'e addaan baasuun eessatti gumaachi Xinqooqa Hujoo akka barbaachisu ibsuu yaala. Ibsa kanas caacculee afaanii keessaa caasaa jechaatiin walqabsiisa. Itti aansuun, caasaan jechaa maal akka fakkaatuufi caacullee akkamii akka of keessatti haammaturratti yaada beektotaa sakatta'a. Sana booda, barruuwwan mata duree qorannoo kanaatiin walfakkaatan sakatta'uun qa'aa qorannoon kun duuchuu barbaadu addaan baasa.

### *2.2. Barumsa Afaaniifi Gumaacha Xinqooqa Hujoo*

Barumsi afaanii wantoota lamarratti xiyyeeffata: beekumsa caacculee afaanii horachiisuufi ogummaawwan caacculee sanaa gabbaifachiisuudha (Brown, 1994 fi Davies, 1999). Caacculeen afaanii dhamsaga, jecha, hima, hiikaafi haala isaan keessatti tajaajilanidha.

Caacculeen kun sirna caasaa, sirna hiikaafi sirna haalaa fayyadamaa agarsiisu. Inni duraa, caasaalee dhamsaga, jechaafi hima ilaallata. Kan itti aanu, hiika jechaafi hiika himaa xiyyeeffata. Sirni haalaa ammoo haala fayyadama sirni caasaafi sirni hiikaa keessatti tajaajilan bu'uureffata (Knox and Burns, 2005; Frajzyngier and Shay, 2008 fi Fromkin, Rodman and Hymes, 2011). Barumsi afaaniis kamiifi garamii caacculee kanaa addaan baafachiisuufi ogummaawwan caacculee kanaa ittiin gabbifatan gonfachiisuudha (Borg, 2005 fi Andrews and McNeill, 2005).

Barataafi barsiisaan beekumsa caacullee afaanii, kan sadarkaa irra jiranitti isaan barbaachisu, akka argatan taasisuun hayyoonni xinqooqaafi barsiisonni afaanii walitti dhufeenyaan hojjetu. Hayyoonni Xinqooqaa caasaa caacculee afaanii ibsu. Barsiisonni afaanii ammoo caasaa ibsame barsiisu. Caasaan caacculee afaanii sirriitti ibsamuun milkaa'ina baarumsa afaaniitiif murteessaadha. Caasaan caacculee afaan tokkoo yoo sirriitti hinibsamne barumsi afaanii nidanqama (Bartles, 2005). Kanaaf ammoo kallattiin kan tumsu caasluga peedagoojawaan 'Pedagogical Grammar'* ta'a. Caaslugni kun caasaa caacculee afaanii irratti xiinxala gaggeessuun seerota isaan to'atan addaan baasuufi yaaxinna caasaan sun keessaan ilaalamu agarsiisuun barumsa afaaniitiif haala mijeessa (Davies and Elder, 2004 fi Davies, 2007).

Akkuma olitti tuqame, beekumsi caacculee afaanii (dhamsaga, jecha, hima, hiikaafi haala caacculeen kun keessatti tajaajilan) wiirtuu barumsa afaaniiti. Caacculee afaanii kana barachuufi barsiisuu keessatti rakkoo uumaman keessaa tokko beekumsa caasaafi seerota caasaa isaanii to'atan (grammar) addaan baafachuufi barreeffamaan ittiin walquunnamtii taasisuun walqabata (Cook and Seidlhofer, 1995fi Cook, 2003). Hayyoonni Xinqooqa Hujoo rakko haala akkasiitiin uumaman addaan baasuufi furmaata barbaaduurratti xiyyeeffatu (Grabes, 2002 fi Simpson, 2011). Akka maleenyaa Xinqooqa Hujootti, afaan barsiisamaa jirurraa ykn yaaxxina afaaniirraa eegaluun akka danda'amu Cook (1989) ibsee jira.Waraabbiin itti aanu yaada kana caalaatti ifa taasisa.

> There are two ways in which language related-problems in language teaching can be approached. One is from the end of language teaching, that is, the practical end.We can identify and analyze language-related problems that arise in language teaching and then see what sort of linguistic knowledge is relevant for their solution. The other way is to start from the theoretical end, giving an account of the goals, scopes and findings of the various enquiries into the nature of language, in order to identify what aspects of the knowledge yielded by them may, in the light of a practical experience of language teaching, be relevant to the solution of language-related problems (Allen and Corder, 1975: preface)

* A pedagogical grammar is a grammatical description of a language intended for pedagogical purposes, such as language teaching and syllabus design…. It might be based on a grammatical analysis and description of the language, a particular grammatical theory and the study of the grammatical problems of learners or on a combination of approaches (Davies, 2007:21).

Maleenyaa waraabbii kana keessatti dhiyaaterraa rakkoo barumsaa afaanii keessatti mul'aturraa ka'uun furmaata isaatiif beekumsa Xinqooqaa gargaaramuufi beekumsa Xinqooqaa bu'uura taasifachuun rakkoo barumsa afaanii keessatti uumame addaan baasuufi furmaata barbaaduun akka danda'amu hubanna. Gabaabumatti, ragaa qabatamaa ykn yaaxxinarraa egaluun rakkoo barumsa afaanii mudate addaan baasuufi furuun barbaaduun maleenyaa Xinqooqa Hujootti.

Qorannoon kunis fufiilee maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisan irratti rakkoo barumsa Afaan Oromoo keessatti mul'atan addaan baasuufis ta'ee furmaata barbaaduuf, yaaxxina xinjecha Ibsaa 'Theory of Descriptive Morphology' gargaarameen jira. Akka Davies (1999); Grabes (2002) fi Davies and Elder (2004) ibsanitti, caasaa jechaa osoo hinibsin, afaan barsiisuun rakkisaadha. Yaada kana Allen and Corder (1975: 5) yoo ibsan, "…an adequate description of language structure is a prerequisite for effective language teaching… and effective use of linguistic knowledge in practical affairs….We cannot teach systematically what we cannot describe." Bu'uuruma kanaan maleenyaa Xinqooqa Hujoo kan caasaa jechaarratti rakkoo mul'atan addaan baasuufis ta'ee furmaata barbaaduuf yaaxxina Xinjecha Ibsaa fayyadamu qorannoon kana keessatti dhimmi itti baheen jira. Caasaan jechaa ibsamuu qabu maal akka ta'e hubachuuf mata duree itti aanu jalatti yaada dhiyaate qalbeeffadha.

### *2.3. Caasaa Jechaa*

Caasaan jechaa uumamaafi hormaata isaa ilaallata. Uumamaafi hormaanni jechaa ammoo dhamjecha irratti xiyyeeffata. Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa, xiinxalaafi barumsa caasaa jechootaa keessatti murteessaa kan ta'edha. Qaamni xiqqaan afaanii kun of danda'ees hirkatees argamuu mala. Dhamjechi of danda'aan jecha fufii ofirraa hinqabneefi hiika tokko qofa qabudha. Dhamjechi hirkataan garuu unka of danda'aa tokko hinqabu. Kunis hundee hirkataafi fufiitti (bound stem and affix) qoodama. Hundeen yaadrimee jecha tokkoo baata. Fufiin ammoo garee jechaa jijjiiruu ykn tajaajila caaslugaa agarsiisuuf dura, gidduu, duuba akkasumas, duraafi duuba hundee jechaa galuu danda'a (O'grady and Dobrovolisky 1996; ባዬ, 2003; Haspelmath, 2002; Finch, 2005 fi Fasold and Connor-Linton, 2014).

Afaanota maxxanfatoo (agglutinative languages)* keessatti fufiileen wiirtuu uumamaafi hormaata jechaati (Todd, 1995; Pinker, 1999; Booji, 2005 fi Radford et al., 2009). Fufiileen hundee jechaatti maxxanuun garee jechaa ykn hiika jechaa jijjiiruufi tajaajila caaslugaa agarsiisuun jecha ijaaru (ጌታሁን, 1999 fi Haspelmath, 2002). Tajaajilli caaslugaa fufiileen agarsiisan lakkoofsa, maayiifi koornayaa fa'i (Bauer, 1983; Katamba, 1993; Edward 2004 fi Fromkin, et al., 2011).Tajaajila kana keessaa maqaarratti dabalamuun lakkoofsa agarsiisuuf fufiileen barumsa Afaan Oromoo keessatti dhimma itti bahamaa jiran xiyyeeffannoo qorannoo kanaati.

* Agglutination is the process where morphemes join but are easily segmentable (Linddicoat and Curnow, 2004: 38).

### 2.4. Lakkoofsa Maqaarratti

Maqaan bakka bu'aa muuxannooti. Muuxannoon ammoo kan hinlakkaa'amneefi kan lakkaa'aman ta'uu danda'a. Wantoonni hinlakkaa'amne meeshaan safaramu. Kanneen hinlakkaa'amneefi meshaan safaramuu hindandeenyes fakkeenyaaf, kan akka yaadaa jiru. Wantoota lakkaa'aman ammoo qeenteefi hedduu ta'uu isaanii addaan baasuu dandeenya. Qeenteen waan tokko qofa yoo agarsiisu, hedduun ammoo wantoota lamaa ol ta'an agarsiisa (Corbett, 2000; ባዬ, 2003fi Fromkin, et al., 2011). Radford, et al. (20011: 519) yaada kana yoo ibsan, "Catagory of number reflects wether the noun refers to one entity (singular) or more than two entities (plural) forms" jedhu. Kanas fufiileedhaan agarsiisuu dandeenya. Afaanonni gariin ammoo qeentummaafi heddummina cinaatti lamummaa (dual), sadummaa (trial) akkasumas, muraasummaa (pacual) wantootaa fufiileetti gargaaramuun agarsiisuu danda'u (Meyer, 2006). Fufii maqaatti maxxansuun lakkoofsa agarsiisuuf seerri afaanonni qaban garaagara ta'uu danda'a. Kanaaf ammoo afaanota garaagaraa akka fakkenyaatti ilaaluu dandeenya.

Fromkin, et al. (2011: 44) fufiilee Afaan Ingilizii keessatti heddummina maqaa agarsiisuuf idilummaa qaban yoo ibsan, "English has *{-s* and *-es}* regular plural markers suffixed to noun" jedhu. Fufiileen kun filatanii maqaatti maxxanu. Yeroo kanas bifaafi sagalee *{-s, iz* fi *-z}* qabaatu. Hundee / bu'uura jechoota dhamsaga mixxiixaan 'voiceless' xumuramutti yoo maxxante, {-s}, warra dhamsagoota xiixaan xumuramanitti yoo maxxantu ammoo {-z}fi jechoota hundee / bu'uuri isaanii dhamsagoota *lootuu*fi *rigaduun* xumuramanitti yoo maxxantu {-iz} taati. Kun seera fufiilee Afaan Ingilizii kan heddummina maqaa agarsiisuuf tataajiludha. Seera kanaan ala sagaleessuunis ta'ee maxxanfachiisuun dogoggora. Kanaafuu, fufiileen duubee afaanicha keessatti heddummina maqaa agarsiisan seera xiindhamsagaa 'phonological rule' bu'uureffatu jechuudha.

Akkuma Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraas fufiilee hedduummuna agarsiisuuf idilummaa qaban lama qaba. Afaanicha keessatti {እኦ fi -ኦች}n duraafi duuba maqaatti maxxanuun heddummina agarsiisu. Fufiin {እኦ}n bamaqaaleefi maqaa dhuunfaa dura, {- ኦች}n ammoo jechoota maqaalee dhuunfaatiin ala jiranitti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa qabdi (ጌታሁን, 1999 fi ባዬ, 2003). Afaanonni lamaanuu (Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraa) maatii afaaniitiin kan Afaan Oromoorraa adda ta'aniyyuu, fufiilee heddummina maqaa agarsiisuuf idilummaa qaban muraasa qabaachuu isaanii hubachuutu danda'ama.

Qorannoowwan afaanota maatii Kuush ta'an, kan Afaan Oromoo keessatti ramadamu, irratti gaggeessamanis afaan tokko keessatti fufiileen heddummina agarsiisuuf idilummaa qaban muraasa akka ta'an agarsiisa. Fakkeenyaaf, Tadese (2015) akka ibsutti, Hadiyiisaa keessatti *{-wwu}*n maqaaatti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa qaba. Tesfaye (2015) ammoo, Burji keessatti {*-na* fi *-jjee*}n maqaaleetti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa akka qaban ibsa. Firoota 'allomorph' {*-na*} kan fakkaatan *[-nnaa, -nnee, -nna* fi *-nee*] n, bakka garaagaraa galuun heddummina akka agarsiisanis heeree jira. Fakkeenyaaf, {*-nee*}n maqaalee /a/n xumuramu, {*-nna, -nnaa* fi *-nnee*}n ammoo maqaalee /*i* fi *aa*/n xumuraman booda galuu akka danda'aniifi {*-na*}n bakka hedduu galuu akka danda'u ibsee

jira. Hadiyiisaafi Burjiin afaanota Kush waan ta'aniif Afaan Oromootiin amala walfakkaatu qabaachuu malu.

Kamiifi garamii fufiilee afaan tokko keessatti heddummina agarsiisan addaan baasuu seeronni dhamsagaa kanneen akka firoommiifi ormoommii (assimilation and dissimilation) ga'ee guddaa tapahatu (Fromkin, et al., 2011). Corbett (2000) yaada kana murtaa'inaan yoo ibsu, fufiin tokko jecha tokkotti maxxanuun tajaajila caaslugaa agarsiisuuf adeemsa taasisamu keessati daangaa dhamjechaa irratti dhamsaga jijjiiruu, walitti firoomsuu, haqufi saaguun hinoolu jedha. Jijjiiruun dubbifamaas ta'ee dubbachiisaa tokko kan biraatiin bakka buusuudha. Firoomsuun ammoo adeemsa dhamsagni tokko amala dhamsaga ollaa isaa akka fudhatu ykn dhamsagni tokko amala isaa isa ollaa isaatiif akka kennuufi guutummaatti[*] ykn gamisaan[*] akka geeddaramu taasisuudha. Haqufi saaguun ammoo walfaanommii dhamsagootaa afaan tokko hinhayyamne, kan daangaa dhamjechaarratti uumame sirreessuuf hiriira keessaa balleessuufi hiriira keessa galchuu agarsiisa.

Adeemsa fufannaa keessatti kan haqamu dubbachiistuu yoo ta'u, qabanni isaas walfaanommii dubbachiistuu maqe sirreessuudha. Kan saagamu ammoo dubbachiistuufi dubbifamaa ta'uu danda'a. Dubbachiistuu saaguun afaanota walfaanommiin dhmasagoota isaanii dubbifamaa lamaa ol hinhayyamneen seera maqe sirreessa. Kana ilaalchisee Fromkin, et al. (2011: 251) "An epenthetic long vowel can have a similar effect as other vowels such as schwa" jechuun ibsa. Kun afaanii afaanitti garaagara ta'us, dubbachiistuu dheeraas ta'e gabaabaan saagamuu akka danda'an nu hubachiisa. Saagduun dubbifamaa ammoo walfaanommii dubbachiistuu seerri afaan tokko hinhayyamne gidduu seenuun tajaajila. Kunis afaanii afaanitti garaagara ta'uu danda'a. Afaanonni hedduun / *', y, w*/ saaguun walfaanommii dubbachiistuu dabe sirreessu (Durand, 1990 fi Corbett, 2000). Gama biraatiin, dubbifamaa */n/* fayyadamuun walfaanommii dubbachiistuu dabe sirreessuun akka danda'amu ibsu (Mayer, 2006).

Akka ባዬ (2003) ibsutti, Afaan Amaaraa keessatti dubbachiistuun lama walitti aanuun walfaanommiin yoo dabe, /*y* ykn *w*/ saaguun sirreeffama. Tesfaye (2015) akka ibsettis, Burjii keessatti adeemsa fufii heddumminaa maxxanfachiisuuf taasisamuun dubbachiistuu haqufi firoomsuun (vowel deletion and assimilation) hinoolu. Yaada kana deggeruun Meyer (2006) Walanee, kan maatii Afaan Seem ta'e keessatti /*n* fi *aa/* saaguun seera walfaanommii dhamsagoota dubbifamaafi dubbachiistuu sirreessuun akka danda'amu agarsiisa.

Sakatta'iinsa fufiilee faanota garaagaraa keessatti heddummina maqaa agarsiisan irratti taasisameen seeronni xindhamsagaa adeemsa maxxanfannaa fufiilee sanaa to'atan irratti hubannoon arganne, kamiifi garamii fufiilee Afaan Oromoorratti yaaduuf carraa nuu bal'isa. Ibsa sakatta'a sana keessatti taasisamerraa ka'uun Afaan Oromoo, kan dheerinaafi

[*] Firoommiin guutuun dhamsagoonni garaagaraa walfaana hiriiruun caasaa irranaa keessaatti guutummaatti sagaleefi unkaan tokko ta'anii argamuun seera ximsagaa uumamudha (Fromkin, et al., 2011, Addunyaa, 2011).

[*] Firoommin gamisaa dhamsagoonni lama gartokkoon walfakkaatani sagaleefi unkaa adda isaan taasisu yoo qabaatan kan uumamudha (Meyer, 2006).

gabaabina mallattoo garaagaraatiin bakka bu'an qabu, keessatti dubbachiistuu dheeraa, gabaabaa, hudhaafi gamduubee saguun seera walfaanommii dubbifamaafi dubbachiistuutiin dabe sirreessuu akka dandeenyu nu hubachiisa. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun fufiilee Afaan Oromoo keessatti heddummina maqaa agarsiisan irratti seerota isaan to'atan addaan baasuun hanqinoota mul'atan furmaata kennee jira.

## 3. Malleen Qorannichaa

Kutaan kana keessatti mala, haxootaafi adeemsa qorannoon kun ittiin gaggeessametu ibsame. Qorannichi mala akkamtaatti 'qualitative methodology' gargaaramuun gaggeessame. Malli akkamtaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan funaanuun jechaan ibsa (Creswell, 2003). Akka Dornyei (2007: 31) ibsutti, "In Applied Linguistics, the use of qualitative methodology is related to the growing recognition that every aspect of language in use is significantly shaped by social, cultural and situational factors". Mala akkamtaa fayyadamuun fufiilee, kan qaama afaanii keessaa tokko ta'an, irratti ragaalee funaanuufi qaaccessuun qorannoon kun gaggeessame. Gaaffiilee qorannicha deebisuuf, meeshaan ragaan ittiin funaaname sakatta'a dokimentiiti. Sakatta'iinsi kunis waraqaalee qorannoo kan digirii lammataa, kitaaba wabiifi kitaaba barattoota kutaa 9-12 jiraniif kan bara 2012 qophaa'an irratti geggeeffame. Waraqaaleen qorannoos ta'ee kitaabonni akka madda ragaaleetti filatamanis kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'aniiti. Waraqaaleen qorannoo filataman keessaa Baye (1981) kallattiidhaan fufiilee hormaata maqaa agarsiisan irratti waan hojjetameef, akkuma jirutti filatame. Waraqaalee qorannoo 2015-17 gaggeessaman keessaa ammoo iddatteessuu carraa salphaatiin waraqaan jaha (lama lama) filatamee jira. Kitaabota barattootaa kutaa 9-12 jiranis afuran isaanii, kitaabonni wabii sadarkaa sanatti barsiisotaafi barattoonni fayyadamu danda'u jedhus kaayyoo koo irratti hundaa'uun sadii filadheen jira.

Qabanni waraqaalee qorannoo digirii lammataa filatamaniif, qorattoonni waraqichaa barattoota kutaalee armaan olitti heeraman ga'an barsiisuufi kitaabota barumsaas ta'e kitaabota wabii kan sadarkaa sanaaf qopha'an nifayyadamu amantaan jedhu waan jiruufi. Kitaabni barattootaa kan kutaa 9-12 akka madda ragaatti kan filatamaniifis fayyadama fufiilee heddummina maqaa agarsiisan kitaabota of keessaa qaban sana godinaalee Oromiyaa hundatti isumaan waan baratamuufi. Kitaabonni wabiis barattootaafi barsiisota sadarkaa jedhame sanaa gargaaruufi qabiyyee kitaabota sadarkaa sanaatiin walitti dhufeenya qabaachuu isaanii irratti hundaa'uun filataman.

Gabaabumatti, waraqaaleefi kitaabota filataman sakatta'uun ragaaleen qorannichaaf barbaachisan walitti qabamanii jiru. Ragaaleen kunis garee gareetti qoqoodamuun jechaan ibsaman. Kun ammoo kutaa itti aanu jalatti dhiyaatee jira.

## 4. Qaaccessa Ragaafi Ibsa Bu'aa Qorannichaa

### *4.1. Seensa*

Kutaan kun qabiilee gurguddaa lamarratti xiyyeeffata. Inni tokko, Afaan Oromoo keessatti fufiilee maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisan irratti waraqaalee qorannoofi

kitaabota akka iddattootti filataman irraa ragaalee fudhataman dhiyeessuufi qaaccessuudha. Qaaccessa kana keessattis ragaaleen madda lamaan irraa fudhataman akkaataa barbaachisummaa isaaniitti walitti fiduun ibsamanii jiru. Ibsi kunis, fayyadama fufiilee heddummina maqaarratti ragaalee qabatamoo funaanaman yaaxxina afaaniitiin walqabsiisuun rakkoo mul'atu addaan baasuu irratti xiyyeeffate. Kutaa kana jalatti qabxiin xiyyeeffatame inni biraan, fufiilee heddummin maqaa agarsiisuuf Afaan Oromoo keessatti idilummaa qaban addaan baasuun ibsuudha. Ibsi kunis ibsa qabxii tokkoffaa jalatti fayyadamaafi qoqqooddii fufiilee heddummina maqaarratti gaggeessameen rakkoo addaan ba'e bu'uureffata. Haaluma kanaan, jechoota waraqaaleefi kitaabota akka iddattootti filataman keessaa fudhatamantu fufiilee maxxanfatanii heddummina agarsiisuuf idilummaa qaban dhiyeessuun seerota isaan hordofan waliin gadifageenyaan xiinxalama.

### *4.2. Fufiilee Heddummina Maqaa Afaan Oromoo keessatti: Ragaalee Hojii Kanaan Duraarraa fudhatamaniifi Rakkoo Isaan Qaban*

Mata duree xiqqaa kana jalatti fufiilee heddummina maqaa agarsiisan irraa ragaalee funaanaman dhiyeessuufi ibsuun rakkoon mul'atan addaan bahanii jira. Dhiyeessiifi ibsi ragaalee kunis qorannoo kallattiidhaan fufiilee afaanichaarratti gaggeessame irraa eegale. Waraqaalee qorannoo ragaan irraa fudhataman kanneen biroo garuu qorannoo isaanii kan mata duree garaagaraa irratti gaggeessan keessatti akkamitti fufiilee heddummina maqaatti akka fayyadaman addaan baasuu waan ta'eef, itti aanaanii dhiyaatan. Kanatti aansuun, xiinxala ragaalee sanaatu dhiyaata.

Baye (1981) hormaata maqaa Afaan Oromoorratti Yuunvarsiitii Addis Ababaatti Muummee Xinqooqaafi Filooloojii keessatti Afaan Ingiliziitiin qorannoo gaggeessamedha. Akka ragaan qorannicha keessaa fudhatame agarsiisutti, fufiin maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiistu {*-ota*} qofa. Fufiin kun maqaalee {*muk-ota, man-ota, nam-ota, hol-ota, lag-ota* fi *fard-ota} (*Baye, 1981:*17)* maxxanuun heddummina agarsiistee jirti. Akkuma ragaa kanarraa hubannutti hundeen jechoota dhiyaataniis ta'ee fufiin heddummina agarsiisuuf itti maxxante birsaga gabaabaa qabu. Kanarraa kan hubannu, qorataan kun yeroo sanatti Afaan Oromoo keessa dheerinni jiraachuu isaa waan quba qabu hinfakkaatu. Hundee jechootaa dhiyaatan fufii sana itti maxxansinee yoo dubbifnu maqaa 'ill-formed' ta'u.

Afaan Oromoo keessatti *{-ota}* qofaan heddummina agarsiisuu yaaluun ammoo amala Afaan Amaaraa* Afaan Oromootiif oolchuu fakkaata. Qabanni isaas, afaanota maatii Seem ta'an keessa dheerinni hinjiru. Kanaafuu, fufii ittiin dheerina agarsiisanis hinqaban. Fufii Afaan Amaaraa kan idilummaan heddummina maqaalee afaanichaa agarsiistu ባዬ(2003:115) yoo ibsu,"*{-ኦች} ብዛትን ለማመልከት በነጠላ ስሞች ላይ የሚጨመር የአማርኛ የብዙ ቁጥር ምዕላድ ነዉ*." jedha. Afaan Oromoo keessaatti fufii heddummina maqaa agarsiistu kan Afaan Amaaraatiin walfakkeessuu yaaluun ammoo seera qo'annoo caasaa afaanii haala. Caasaa afaan tokkoo akkuma dubbatamutti ibsuu malee gara ofii yaadanitti ykn gara caasaa afaan ofii beekaniitti haqaaquun sirrii miti (Chomsky, 2002 fi Finch, 2005).

* Afaan Amaaraa keessatti *{-ዓት}n* heddummina maqaa agarsiisuuf Afaan Giizirraa ergifatamte (ባዬ, 2003).

Baye (1981) maqaalee inni *{-ota}* maxxanfachiisuun heddummina agarsiise, Abarraafi kan biroo (1998:179) irratti *{-een}* maxxanfachiisuun {*muk-een, man-een, fard-een* fi *lag-een*} taasisuun dhiyeessan. Yeroo fufii kana heddummina agarsiisuuf itti gargaaraman, akkamitti kan Baye (1981) itti gargaarame, {*-ota*}, akka dhiisan hinibsine. Kun ammoo *{-ota* fi *-een}* dabareen jechuma tokkotti maxxansuun heddumminni akka agarsiisamuuf tumsa taasise. Garaagarummaa yerootiin yoo ilaalle, qorannoon Baye kan Abarraafaa dursa. Abarraanfaan ogeeyyii Afaan Oromooti. Kitaaba caaslugaa kan fufiin kun keessatti dhiyaattes Biiroo Aadaafi Turiizimii kan qaama mootummaatu ta'etu hojjechiise. 'Baye'n garuu nama dhuunfaadha; innis turjumaanaan hojjete. Kanaafuu, qa'aa hojiin 'Baye' qabu addaan baasuun waan qa'aa sana duuchu dhiyessuu dhiisuun isaanii jechi tokko fufiilee tokkoo ol haala idilee keessatti fufachuun heddummina akka agarsiisaniif gumaachuurra taree, fufiileen heddummina maqaa agarsiisan akka baay'atan taasisee jira.

Jechi tokko fufiilee tokkoo ol maxxanfachuun daangaa baay'ina fufiilee heddummina maqaa bal'isuun heddummina agarsiisuun kitaaba Abarraafaa keessatti bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, jechoota *bineessota*, *bineessolii*fi *bineeyyii* jedhanirra {*-ota, -olii*fi *-yyii*}n jiran hundee jecha {*binee-}* jedhurra galuun heddummina agarsiisan (Abarraafi kan biroo, 1998: 185). Abdulsamad (1994) fi Catherine (2001) kitaaba isaanii keessatti, fakkeenya dhiyeessaniin garaagarummaa qabaatanillee, fufiilee heddumminaa kana haala walfakkaatuun itti fayyadaman. Addunyaa, (2011) yoo ibsu jechi {*binee-*} jedhu haala idilee keessatti fufii {*-yyii*} alididilee (looga) keessatti garuu fufii tokkoo ol fufachuu akka dandeessu heera. Bakka kanatti garaagarummaa barreessitoota warra kaaniifi Addunyaa gidduu yoo ilaalle, kan idileefi alidilee keessatti tajaajilan addaan baasuufi akkuma jirutti dhiyeessuudha. Kanaaf ammoo looga, kan garaagarummaan keessatti baay'atu, waaltina, kan haala tokkoon haala idilee keessatti hojjechuuf garaagarummaa dhiphisuurratti xiyyeeffatu irratti hubannoo qabaachuun barbaachisaadha (Chambers and Trudgill, 2004 fi Meyerhoff, 2006)

Kitaabonni barumsa Afaan Oromoo kan Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin barattoota kutaa 9-12 jiraniif qophaa'anis, fufiileen heddummina maqaa agarsiisan haaluma qorannoo gaggeessameefi kitaabota wabii xiinxalaman hordofanii dhiyaatan. Kitaabota sana keessattis qaama hundee jechaa akka fufii heddumminaatti, qaama fufii heddumminaa ammoo akka qaama hundee jechaatti lakkaa'uun qoqqooduutu mul'ata. Kana malees, jecha tokkotti fufiilee lamaa ol maxxansuufi itti fayyadama irratti fufiileen dhaaba dhabuun kitaabicha keessatti haalaan argama. Fakkeenyaaf, kitaabonni barattootaa kan kutaa 11fi 12 jechoota *gaaffiiwwan, gaaffota, gaaffilee*fi *gaaffiilee, gaaffiileewwan* jedhanitti *{-wwan, -ota, -lee*) dabaree dabareen maxxansuun heddummina agarsiisaa jiru. Kana malees, kitaabota sana keessatti *gaaffiileewwan* kan jedhurraa fufiin heddummina garsiistu altokko - *wwan*, altokko -*lee*, altokko ammoo - *an* akka ta'anitti qoodamanii jiru. Kun ammoo barsiisonnis ta'ee barattoonni fufii lamaa ol jecha tokkotti maxxansuu, fufiilee sanas bakkuma arganitti qooduufi fufii heddumminaa lama walfaana jecha tokkorratti maxxansuuf affeera. Ragaa kanarratti rakkoon fayyadama fufiilee irratti mul'atu kan biraan jecha *gaaffii* jedhutti yeroo maxxansanis bifa sadiitu mul'ata. Inni tokko, osoo qaamolee jecha sanaarraan dhiibbaa hinga'in akkuma jirutti *{-wwan* fi *-lee}* dabareen itii maxxansuudha. Inni lammataa ammoo

dubbachiistuu dhuma jecha *gaaffii* jedhurraa gabaabsuun fufii sana itti maxxansuudha. Gama biraatiin, dubbachiistuu dhuma jechichaarraa haquun {*-ota*} itti maxxansuutu mul'ata. Inni sadaffaan, fufiilee heddummina maqaa agarsiisan lama ergaan takkaa jechichatti maxxansuudha. Kanaafuu, fufiin heddummina agarsiisuuf fayyadamnus ta'ee, qaamni jechaa fufii sana itti maxxansinu waaltina/dhaaba hinqaban.

Ragaaleen sakatta'iinsa waraqaa qorannoo barattoota Yuunvarsiitii Finfinneetti dirgirii lammataatiin Muummee Afaan, Ogbarruufi Fookloorii Oromootiin eebbifaman irraa fudhatames, fufiileen heddummina maqa agarsiisan haaluma kitaaba barataafi kitaabota wabii keessaattti argamuun jiraachuu isaa mul'isa. Fakkeenyaaf, Siisay (2016); Ganzabee (2017) fi Tesfayee (2017) waraqaa qorannoo isaanii keessatti *qabiyyeewwan, qabiyyeelee, kaayyoowwan, kaayyoolee, kaayyota* fi *kaayolee* jechoota jedhan keessatti {*-wwan, -oota* fi *-lee*} bakka walii buusuun maqaatti maxxansanii jiru. Haala fayyadama isaanii keessattis akkuma jirutti itti maxxansuufi qaama maqaa sanarraan dhiibbaa geessisuutu mul'ata. Fufiileen {*-wwan*fi *-lee*}n jechoota *qabiyyee*fi *kaayyoo* jedhan irraan osoo dhiibbaa hinga'in itti maxxananii jiru. Fufiileen *{-lee* fi *-ota}* jedhan ammoo jecha *kaayyoo* jedhuurraa dubbachiistuu dhumaa gabaabsuun itti maxxanan. Fufiileen kun jecha tokkotti bifa lamaan maxxanan jechuudha. Kana malees, jecha tokkotti fufiilee lama walfaana itti maxxansuun 'double pluralization' heddummina maqaa agarsiisuu yaalan. Fakkeenyaaf, *meeshaaleewwan gaaffiileewwan, baafataaleewwan* fayyadamanii jiru. Fakkeenya kana keessatti ammoo fufiilee lamatu walfaana hundee jechaatti maxxanan jechuudha. Kanaafuu, fufiilee heddummina maqaa agarsiisan haala idilee keessatti akkuma looga keessa jiranitti itti fayyadamuun barattoota Afaan Oromoo birattis bal'inaan mul'ata.

Walumaa galatti, waraqaalee qorannoos ta'ee kitaabota afaanichaa kan akka iddattootti filataman irraa ragaan funaanamuun qaaccessame akka mul'isutti, qorattoonnis ta'ee barreessitoonni akkuma muuxannoo ykn loogaa isaaniirraa argataniin fufiilee heddumina maqaa agarsiisanitti fayyadamaa jiraachuu isaanii agarsiisa. Kana malees, fufiileen heddummina maqaa agarsiisan bakka qoodamuu hinqabnetti qoodamuun ibsicharra nimul'ata. Kun ammoo hojii namoota lamaa gidduutti qofa osoo hintaane, hojiidhuma nama tokkoo irrattuu nimul'ata. Rakkoowwan qaacessa ragaalee taasisamaniitiin addaan bahanis cuunfamanii mata duree armaan gadii jalatti dhiyaatanii jiru.

### *4.3. Rakkoowwan Fufiilee Heddummina Maqaa Agarsiisan Irratti Mul'atan*

Qaaccessa 4.2. jalatti taasisame bu'uureffachuun fufiileen Afaan Oromoo kan heddummina maqaa agarsiisuuf haala idilee keessatti dhimma itti ba'aa jirru {*-ota, -oota, -tota, -toota, -olii, -oo,-lee, -lii -wwan, -an, -n, -eeyyii,-yyii, -en, -een, -iifi -eettii)* fa'i. Fufiileen kun ammoo jecha tokkorra lama ta'aniis galanii jiru. Ija saayinsii jechaatiin yoo ilaalle, fufiileen afaanicha keessatti heddummina maqaa agarsiisuuf *idilummaa* qaban hanga kana hinbaay'atan. Kun ammoo fufiilee kana qoqqooduufi itti fayyadamuurratti rakkoon akka jiru mul'isa. Rakkoowwan mul'atan keessaa tokko *dhaaba /waaltina dhabuu* fufiileeti. Dhaaba dhabuun fufiilee heddummina maqaa agarsiisanii karaa lama mul'ata. Inni tokko, qoqqooddii fufiilee sanaatiin walqabata. Akkuma qaaccessa waraqaa qorannoofi kitaabota barumsaa irraa hubachuun danda'ametti, qaama fufii hundee / bu'uura jechaa irratti dhiisuun

ykn qaama hundee / bu'uura jechaa akka qaama fufii heddummina maqaatti ilaaluun qoodamee jira. Kana malees, dhamsagoonni walfaannommii sirreessuuf galan qaama fufii heddumminaa ta'uun dhiyaatanii jiru.

Dhaaba dhabuun fufiilee heddummina maqaa agarsiisanii inni biraan, fayyadamaan walqabata. Akka qaaccessi gaggeessame agarsiisutti, namumti tokko fufii lamaa ol dabareen ykn ergaan takkaa jecha tokkotti maxxansee jira. Waraqaalee qorannoos ta'ee kitaabota Afaan Oromootiin namoota adda addaatiin barreessaman gidduuttis fayyadamni fufiilee heddummina maqaa dhaaba hinqabu. Kun ammoo, akkuma rakkoon waaltina jechootaa barumsa afaanichaa danqaa jiru (Wandimu, 2015, Adugna, 2009), waaltina dhabuun caasaas rakkoo isa biraati jechuudha.

Rakkoon fufiilee heddummina maqaarratti mul'atu inni biraan, seera caasaa afaanichaa kan qorannoon cimaan irratti geggeessamee addaan baase dhibuudha. Kunis qa'aa gama beekumsa caasaa afaanichaatiin (knowledge gap) qo'attootas ta'ee barreessitoota Afaan Oromoo biratti mul'atu agarsiisa. Maddi rakkoo kanaas, waliigalatti caasaan jechoota afaanichaa, murtaa'inatti ammoo fufiileen heddummina maqaa gadifageenyaan ibsamuun fayyadamtoota (barsiistota, barattootaafi barreessitoota) afaanichaatiif dhiyaachuu dhabuudha. Waraqaan qorannoo kunis beekumsa saayinsii jechaafi raga qabatamaa afaanichaa walitti fiduun fufiilee heddummina maqaa agarsiisan gadifageenyaan ibsuun rakkoowwan armaan olitti addaan ba'aniif mata duree itti aanu jalatti furmaata dhiyeessa.

### *4.4. Karaa Heddumminni Maqaalee Afaan Oromoo Ittiin Agarsiisamu*

Mata dureen kun dimshaashatti, heddummina maqaa agarsiisuurratti rakkoo mul'atan, murtaa'inatti ammoo rakkoo fufiilee heddummina maqaa agarsiisuuf dhimma itti bahamaa jiraniif furmaata dhiyeessa. Bu'uuruma kanaan, gaaffiilee seensa jalatti dhiyaataniif deebii, rakkoowwan olitti addaan ba'aniif ammoo furmaata akka ta'uuf ibsi bal'aan armaan gaditti kennamee jira.

Afaan Oromoo keessatti maqaaleen bakka bu'amaan isaanii hinlakkaa'amne kan akka *bishaan, xaafii, rifeensa, jaalalaa*fi *Oromummaa* jiru. Bakka bu'amaan maqaalee kanaa gariin isaanii meeshaa itttiin safaramaniin ammamiin isaanii himama. Fakkeenyaaf, *bishaan ottee sadii*, *taaxii kiiloo shan*, *rifeensa guuboo tokko* jechuun hanga isaanii baruu dandeenya. Maqaaleen akka *jaalalaa*fi *Oromummaa* ammoo yaanni isaan bakka bu'an, gama kamiinuu lakkaa'amuu hindanda'u. Maqaaleen bakka bu'amaan isaanii lakkaa'aman ammoo qeenteefi hedduu ta'uu isaanii addaan baasuu dandeenya. Afaan Oromoo keessattii maqaaleen karaa lamaan qeenteefi hedduu ta'uu bakka bu'amaa isaanii agarsiisu danda'u. Kunis maqibsaafi fufiileetti gargaaramuudha. Karaa lamaan keessaa karaa tokko qofaan ykn karaa lamaaniinuu heddummina kan agarsiisan jiru.

#### *4.4.1. Maqibsa Fayyadamuu*

Afaan Oromoo keessatti karaa heddumminni maqaa ittiin agarsiisamu keessaa tokko, maqibsa fayyadamuudha. Kunis bifa lama qaba. Inni tokko, maqibsa qofaan warra heddummina maqaa agarsiisanidha. Kanarratti fakkeenyi itti aanu hubannoo keenya cimsa.

(1)

booyyee lama
gafarsa sadii
ija lama
Harka lama
kanniisa sadii
mixii lama

Akkuma raga (1) jalaarraa agarru, bineensonni bosonaa baay'een isaanii, qaamoleen keenyaafi ilbiisonni ibsa maqaatiin heddummina isaanii agarsiisan. Muuxannoon ani waraqaalee qorannoofi kitaabota afaanichaa sakatta'uunis ta'ee haaluma hawaasicha keessatti mul'aturraa argadhe kan agarsiisu, bineensonnis ta'ee qaamoleen namaa warri lama lama ta'anii jiran (harka, gurra, ija, miilla, qa'aa funyaanii, kale, cinaachaafi wkf lamummaa isaanii qofaan ibsamu. Bineensonni bosonaa baay'een isaanii maqaa waliinii kan akka jecha *oomaa* jedhuu itti dabaluufi maqibsa qofaan yeroo ibsaman agarra. Ilbiisonni akka kanniisaafi mixiifaa ammoo jecha *guuboo/ gurmuu* jedhu itti dabaluun heddumminni isaanii agarsiisama.

Karaan inni heddumminni maqaa ittiin agarsiisamu kan biraan maqibsa dabalachuun ykn fufii maxxanfachuun ta'a. Fakkeenyi armaan gadiis yaaduma kana cimsa.

(2)

mana shan
kutaa lama
kitaaba muraasa
gaaffii hedduu
ijoollee sadii

Jechoonni (2) jalaa gaalee maqaa ijaarratanii jiru. Ijaarsa gaalichaa keessaatti jechoonni jalqabarra jiran maqaadha. Maqaan kunis mataa* gaalichaati. Jechoonni mataa sana booda galan ammoo ammamii waan jechoonni mataa ta'an sun bakka bu'anii ibsan. Gaalee *mana shan* jedhu keessatti, *shan* kan jedhu tokkoo ol ta'uu mana sanaa agarsiisa. Gaalee *kutaa lama* jedhu keessatti ammoo tokkoo ol ta'uu kutaalee kan agarsiisu *lama* kan jedhudha. Kun qeentees danuus miti - lamuma. Ibsitoonni *muraasaa*fi *hedduu* jedhanis ammamii *kitaabaa*fi *gaaffii* agarsiisu. Hanga isaanii murtaa'inatti hinibsin malee, lamaa ol akka ta'e ni'agarsiisu. Gaalee *ijoollee sadii* jedhurra miiltoon jirus ijoollettiin lama ol ta'uu nutti hima. Kun ammoo hedduu jalatti ramadamuu danda'a. Maqaaleen (2) jalatti dhiyaatan hunduu fufii maxxanfachuun heddummina isaanii agarsiisuus nidandanda'u. Kun ammoo mata-duree itti aanu jalatti ibsa kennamerraa hubatama.

### *4.4.2. Fufiilee Fayyadamuu*

Afaan Oromoo keessatti hedduu ta'uun maqaalee karaa ittiin mul'atu keessaa inni biraan fufiilee maxxanfachiisuudha. Afaanicha keessatti fufiileen {*-n, -an, -lee, -olii, -ii, -oota* fi *-faa*} maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa qabachuu isaanii waraqaan qorannoo kun addaan baasee jira. Kanatti aansuun, fufiilee kana ragaalee aslii

* Mataan gaalee jecha caasaa gaalee sanaa keessaa hafuu hindandeenyedha. Garee jechaa akaakuun gaalee sanaa ittiin waamamu jechuus nidandeenya (Fronkin, et al., 2011 fi Addunyaa, 2011).

afaanicha keessaa fudhachuun kamiifi garamiin isaanii ibsama. Kana malees, adeemsa maxxanfannaa keessatti seerota isaan hordofan ibsuun barumsa Afaan Oromoo keessatti rakkoo gama kanaan mul'atu furuu yaala.

## *Fufii* ***-n***

Afaan Oromoo keessatti {-*n*}n tajaajila[*] tokkoo oliif ooltullee, asitti heddummina agarsiisuu ishiirratti xiyyeeffanne. Fufiin kun maqaalee akkamiitti maxxanuu akka dandeessu, haala maxxanfannaarratti adeemsi dhamsagaa akkamii akka gaggeessamuufi seerra akkamii akka hordoftu hubachuuf, ragaa kanaan gadii haaxiinxallu.

(3)

| *maqaalee* | *fufii* | *Heddummina* |
|---|---|---|
| wasiila | -n | Wasiillan |
| eessuma | -n | eessumman |
| beera | -n | Beerran |
| daa'ima | -n | daa'imman |
| muka | -n | Mukkeen |
| laga | -n | Laggeen |
| farda | -n | fardeen |
| mana | -n | Manneen |

Ragaan (3) jalaa akka mul'isutti, {-*n*}n maqaalee /*a*/n xumuramanitti maxxanuun heddummina agarsiisti. Kun seera fufiin kun hordofuun jechootatti maxxantu ta'uu mala. Haata'u malee, jechoonni /a/ ofirraa qaban hundi {-*n*} fufachuu hindanda'an. Fakkeenyaf, jechi *nama*fi *jaarsa* jedhan /*a*/ ofirraa qabaatanillee, fufii kana maxxanfachuun heddummina agarsiisuuf Afaan Oromoo keessatti kennatoo miti. Garuu duraa-duubaan {-*oota* fi -*olii*} maxxanfachuun heddummina agarsiisuuf kennatoo ta'uu malu. (Ibsa ragaalee 6 fi 8 jalatti kenname ilaalaa). Kanaafuu, ibsa fufiileerratti kennamu hunda keessatti seerri jiru warra fufii sana maxxanfachuuf kennatoo ta'an qofaafi. Yeroo {-*n*}n heddummina agarsiisuuf maqaalee /*a*/n xumuramanitti maxxantus adeemsi dhamsagaa garaagaraa geggeessamee jira. Adeemsa kana keessaa tokko haquudha. Maqaalee dhiyaatan irraa /*a*/n, kan akka jechoonni sun fufii {-*n*} maxxanfataniif qabata taate, haqamtee jirti. Haqamuun /*a*/ ammoo kiisii jabinaa 'componsatory gemination' dhamsagoota duraan laafaa turanii /*l*, *m*, *r*, *k*, *g*, *n*/ argamsiisuun fufannaa {-*n*}f karaa saqxe. Kun ammoo, afaanicha keessatti karaa ittiin jabinni hundee/bu'uura jechaa dhamsaga laafaan xumuramu irratti uumamu keessaa isa tokko.

Walfaanommiin dhamsagoota hundee / bu'uura jechaarratti jabaataniifi {-*n*}, adeemsi dhamsagaa kan biraa, saaguun, akka gaggessamu taasise. Adeemsa maqaaleen {-*n*} fufachuuf taasisan keessatti walfaanommii seerri dhamsagoota Afaan Oromoo hinhayyamne (*lln, mmn, rrn, kkn, nnn, ggn*) daangaa dhamjechaarratti uumaman kennataa taasisuuf /*a* fi -*ee*/n saagamanii jiru. Afaanicha keessatti dheerachuufi gabaabbachuun dhamsaga. Dhamsagoonni lamaan isaanii bakka bu'aan saagduu ta'uu danda'u. Akka Corbett (2000) ibsutti, afaan tokko walfaanommii dhamsagootaa kennataa taasisuuf dubbachiistuu

[*] Afaan Oromoo keessatti {-*n*}n akka durduubee ykn maayii meeshaafi mathim mul'istuutti tajaajiluu dandeessi.

garaagaraa saaguu danda'u. Fromkin, et al. (2011) ammoo afaanonni dubbachiistuu dheeraas ta'ee gabaabaa saaguun walfaanommii dhamsagootaa kennataa taasisuu akka danda'an heeru. Meyer (2006), Walanee keessatti /*aa*/ saaguun seerri afaanichaa akka sirraa'u ibsee jira. Afaan Oromoo keessatti dubbachiistonni armaan olitti heeraman seera {-*n*} maxxanfachuu irratti maqe sirreessuuf saagamanii jiru.

## *Fufii -an*

Fufii {-*an*} maqaalee /*uu* fi *oo*/n xumuramanitti fufamuun heddummina agarsiisti. Fakkeenyi armaan gadii haala ittiin fufiin kun jechootatti maxxantu agarsiisa.

(4)

| *maqaalee* | *fufii* | *heddummina* |
|---|---|---|
| barruu | -an | barruuwwan |
| gufuu | -an | gufuuwwan |
| faaruu | -an | faaruuwwan |
| akaakuu | -an | akaakuuwwan |
| jiruu | -an | jiruuwwan |
| bidiruu | -an | bidiruuwwan |
| naannoo | -an | naannoowwan |
| rakkoo | -an | rakkoowwan |
| kaayyoo | -an | kaayyoowwan |

Akka (4) jalatti dhiyaatetti, yoo {-*an*} heddummina agarsiisuuf maqaalee /*uu* fi *oo*/n xumuramanitti maxxantu, walfaanommii dubbachiistuu maqaatu 'impermisible vowel sequence' uumama. Walfaanommiin maqe kunis dubbachiistuun gosni lama walitti aanuu isaanii kan bu'uureffatu yoo ta'u, kan sirraa'u ammoo gamduubee /*w*/ saaguun ta'a. Kunis bu'uura seera dhamsagaa qaba. Dhamsagoonni /*u, o/* fi */w/n* akkaataa itti sagaleessamaniin walfakkaatu. Sadanuu yeroo uumaman hidhii amarteessuun duuba arrabaa gara laagaatti ol kaasu. Kanaafuu, walfaanommii /*uu, oo*/ hunde / bu'uura jechaarraafi /*a*/ fufii *{-an}* irra jirtuun maqe kan sirreesse /*ww*/ ta'a jechuudha. Yaada kanaan kan walfakkaatu afaanota garaagaraa keessatti nimul'ata. Fakkeenyaaf, Tesfaye (2015:79) haala Burji yoo ibsu "Because of almost identical pronunciation of the glide and its corresponding vowels, the occurrence of /*u/* and /*w/* determines what glide will be inserted. If a root or a stem ends in /*u*/ and the suffix begins with a vowel, /*w*/ is inserted." jedha. Ragaan dhiyaate kun saayinsii afaaniitiin deggeruuf malee, Afaan Oromoo akkuma afaanota biroo ta'uu qaba jechuu miti.

## *Fufii -lee*

Fufii *{-lee}*n maqaaleetti maxxanuun heddummina agarsiisti. Seera fufiin kun hordofuun maqaaleetti maxxantu addaan baafachuuf ragaa armaan gadii xiinxaluun barbaachisaadha.

(5)

| *maqaalee* | *fufii* | *Heddummina* |
|---|---|---|
| sadarkaa | -lee | Sadarkaalee |
| ulaagaa | -lee | ulaagaalee |
| meeshaa | -lee | Meeshaalee |
| damee | -lee | Dameelee |
| sagalee | -lee | Sagaleelee |
| qubee | -lee | Qubeelee |
| gaaffii | -lee | Gaaffiilee |
| qophii | -lee | Qophiilee |
| jabbii | -lee | jabbiilee |
| murtii | -lee | Murtiilee |

Akkuma fakkeenya (5) jalaarraa agarru, {-*lee*}n jechoonni dhamsagoota dheeraa, kan uumama isaaniitiin hidhii diriirsaniin xumuramanitti maxxante. Dhamsagoonni kunis */aa, ee* fi *ii*/) yoo ta'an, adeemsa maxxanfannaa kana keessatti qaama jechoota itti maxxantuu irraan dhiibbaa wayiituu hingeenye. Dhamsagoota dheeraa afaanichaa keessaa warra uumama isaaniirratti hidhii amarteessan */uu* fi *oo/* malee, *{-lee}*n hundattuu maxxanuun heddummina agarsiisuu dandeessi jechuudha. Hundee / bu'uurri jechootaa /*uu* fi *oo*/n xumuraman tokko tokko, (fkn, *barruu, akaakuu),* {-*lee*} maxxanfachuuf mijatoo fakkaatanillee, seerri xiindhamsagaa raga dhiyaaterraa mul'atuu {-*an*} fudhachuuf caalaatti mijatoo akka ta'an agarsiisa. Haala maxxanfannaa {-*lee*} kan adda taasisu, adeemsa maxxanfannaa keessatti qaama jechootaa irraan miidhaa ga'uu dadhabuudha.

*Fufii –**olii***

Fufiin kun Afaan Oromoo keessatti maqaatti maxxanuun kanneen heddummina agarsiisuuf idilummaa qaban keessaa tokko. Amala fufii kanaa addaan baafachuuf, fakkeenya gadii haa'ilaalaa.

(6)

| *maqaalee* | *fufii* | *heddummina* |
|---|---|---|
| gaangee | -olii | Gaangolii |
| jaarsa | -olii | Jaarsolii |
| gooftaa | -olii | gooftolii |
| indaanqoo | -olii | indaanqolii |
| harmee | -olii | Harmoolii |
| arba | -olii | Arboolii |
| jaartii | -olii | Jaartolii |
| humna | -olii | Humnoolii |
| ilma | -olii | Ilmoolii |

Fakkeenyi (6) jalattti dhiyaate akka mul'isutti, {-*olii*}n hundee / bu'uura jechootaa irra-butaan xumuramanitti maxxanuun heddummina agarsiistee jirti. Yeroo kanas, dhamsagoonni dubbachiistuu dheeraas ta'ee gabaabaan jechoota sanarraa haqamanii jiru. Fufiin haqamuu dhamsagoota kanaatiif qabata taate bifa lamaan mul'atti. Kunis *[-olii* fi *oolii*] yoo ta'u, isaanis jechoota itti fufamaniin garaagara. Hundee / bu'uura jechootaa irra-butaan xumuraman dura birsagni jiru gabaabaa yoo ta'e, [-*oolii*] dheeraa yoo ta'e ammoo [-

*olii*] maxxanfatu. Lamaan isaanii keessaa {*-olii*}n bakka baay'ee galuun heddummina agarsiisuuf idilummaa waan qabduuf, akka fufii heddumminaatti lakkaa'amti.

## *Fufii* ***-ii***

Fufiilee maqaarratti maxxanuun, Afaan Oromoo keessatti, heddummina agarsiisan keessaa kan biraa {*-ii*} taati. Fufiin kun akkamiin jechootatti akka maxxantu ragaan armaan gadii haalaan ibsa.

(7)

| *maqaalee* | *fufii* | *heddummina* |
|---|---|---|
| dargaggeessa/ttii | -ii | dargaggeeyyii |
| bineessa/ttii | -ii | bineeyyii |
| iyyeessa/ttii | -ii | iyyeeyyii |
| dureessa/ttii | -ii | dureeyyii |
| ogeessa/ttii | -ii | ogeeyyii |
| waraabessa/ttii | -ii | waraabeyyii |
| qareessa/ttii | -ii | qareeyyii |
| buleessa/ttii | -ii | buleeyyii |
| korbeessa/ttii | -ii | korbeeyyii |

Maqaalee (7) jala tarree duraarra jiran irratti {*-ss-* fi *-ttii*}n mul'atan, kan duraa-duubaan, dhiiraafi dhalaa agarsiisan, haqamanii, {*-ii*} maxxanfachuun heddummina agarsiisanii jiru. Yeroo {*-ii*}n hundee / bu'uura jechoota sanatti fufamtus walfaanommii dubbachiistotaa maqaa (/*eeii* fi *eii*/) kan Afaan Oromoo hinhayyamnetu uumame. Seera maqe sana sirreessuuf saagduun ga'umsa qabdu /*y*/ taati. Dhamsagoonni /*ii*/ fi /*ee*/n uumamsa irratti hidhii diriirsu. Akkasumas, /*ii*/ fi /*yy*/n hidhii diriisuufi duuba arrabaa gara laagaatti ol kaasuun uumamu. Haalli sagaleessuu isaanii walfakkaata jechuudha. Kanarraa ka'uun, fufiin heddummina agarsiistu, akkaataa kitaaba barattootaafi kitaaba wabii keessatti dhiyaatetti {*-yyii*} osoo hintaane, {*-ii*} ta'uu isaa hubanna.

## *Fufii* ***-oota***

Afaan Oromoo keessatti {*-oota*}n hedduu ta'uu bakka bu'amootaa maqaalee agarsiisuuf idilummaa qabdi. Akkaataa fufiin kun maqaatti maxxantuufi bifa ishiin qabaattu irratti xiinxalli fakkeenya armaan gadiirraatti gaggeessame ifa taasisee jira.

(8)

| *maqaalee* | *fufii* | *heddummina* |
|---|---|---|
| nama | -oota | Namoota |
| sa'a | -oota | sa'oota |
| hoolaa | -ota | Hoolota |
| gaala | -ota | Gaalota |
| barsiisaa | ota | Barsiisota |
| barsiistuu | -tota | Barsiistota |
| gaggeessaa | -toota | gaggeessitoota |
| beekaa | -tota | Beektota |
| hojjettuu | -toota | Hojjettoota |

Maqaalee (8) jalatti dhiyaatanitti maxxanuun fufiin heddummina agarsiiste{-*oota*}. Fufiin kun hundee / bu'uura jecha itti fufamanirra birsaga jirurratti hundaa'uun bifa *[-oota*fi *-ota]* jedhaniin mul'attee jirti. Kunis. Fira {-oota} kan taate [-oota]n maqaalee hundee / bu'uurri jecha isaanii birsaga gabaabaan xumuramanitti maxxanti. Kun ammoo, walbaqannaan dheerinaa akka jiru mul'isa. Fira {-oota} kanaan bilisaan kan bakka walbu'uun heddummina agarsiistu ammoo [-toota] taati. Kunis [-*oota*] fi [-*toota*]n jijjiirraa walabaa 'free variation'* gaggeessuun jechuma tokko irratti heddummina agarsiisu. Gama biraatiin, bifni fufittii, [-*ota*]n, maqaalee hundeen / bu'uurri isaanii birsaga dheeraan xumuramu irratti maxxanuun heddummina agarsiisti. Firri {-*oota*} kunis [-*tota*] waliin bilisaan jechoota hundee / bu'uurri isaanii birsaga dheeraa qaburratti bakka waljijjiiruun hojjetu. Gabaabumatti, fufiin heddummina agarsiistu {-*oota*} yoo taatu, firoottan ishii ammoo [-*oota* fi -*ota*] ta'u. Firoonni ishii kunis duraa-duubaan, [-toota fi -tota]n hundee / bu'uura jechaa irratti bilisaan bakka waljijjiiruun mul'atu.

## *Fufii* ***-faa***

Fufiin kun maqaalee dhuunfaarratti maxxanuun heddummina agarsiisti. Ragaan itti aanu haala maxxanfannaa {-*faa*} irratti hubannoo keenya cimsa.

(9)

| *maqaalee* | *fufii* | *heddummina* |
|---|---|---|
| Gammachuu | -faa | Gammachuufaa |
| Abdiisaa | -faa | Abdiisaafaa |
| Caaltuu | -faa | Caaltuufaa |
| Kamisoo | -faa | Kamisoofaa |
| Taliilee | -faa | Taliileefaa |

Maqaaleen dhuunfaa (9) jalatti tarreessaman osoo qaama isaaniirra dhiibbaan hinga'in {-*faa*} maxxanfachuun heddummina agarsiisanii jiru. Heddumminni fufii kanaan agarsiisamus nama dhuunfaa maqaan dha'ame sana cinaatti namoota biroo kan nuti maqaa isaanii fakkeenya dhiyaaterraa addaan baasuu hindandeenye haammata. Fakkeenyaaf, *Gammachuufaa* yoo jennu, namoonni Gammachuu waliin jiran, kan maqaa isaa dha'amuun qofti jara beeksisu danda'u jiru jechuudha. Fufii {-*faa*}s kan adda taasisu maqaalee dhuunfaatti maxxanuun heddummina agarsiisuudha.

## 5. Goolaba

Fufiileen Afaan Oromoo keessatti maqaarratti maxxanuun heddummina agarsiisuuf idilummaa qaban, *{-n, -an, -lee, -olii, -ii, -oota* fi *-faa*} ta'u. Fufiileen kunis ragalee qabatama kitaaba barattootaa, kitaaba wabiifi waraqaalee qorannoo digirii lammataarraa fudhatamaniin deggeramanii ibsamanii jiru. Ibsa kana keessatti adeemsi dhamsagaa kanneen akka saaguu, haquu, jabeessuufi jijjiiruu kamiifi garamii fufiilee kanaa addaan baasuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Fufiileen kunis hundee / bu'uura jechootaa itti maxxanan irratti hundaa'uun seerota garaagaraa hordofuu danda'u. Seerota kanas akka armaan gadiitti walitti qabuu dandeenya.

* Jijjiirraan walabaa 'free variation' osoo jijjiirraa hiikaa hingeessisin dhamsagoonni bakka walbu'uu agarsiisa.

| fufiilee | seerota maxxanfannaa | adeemsa dhamsagaa |
|---|---|---|
| *-n* | Hundee / bu'uura jecha /*a*/n xumuramu irratti maxxanti | haquu, jabeessuu, saaguu |
| *-an* | Hundee / bu'uura jechaa dhamsaga uumama irratti hidhii amarteessuun xumuramutti maxxanti. | dubbifamaa saaguu |
| *-lee* | Hundee / bu'uura jechaa dhamsaga dheeraa uumama irratti hidhii diriirsuun xumuramutti maxxanti. | - |
| *-olii* | Hundee / bu'uura jechaa irra-butaan xumuramutti maxxanti. | haquu |
| *-ii* | Hundee / bu'uura jechaa (*e/ee*)n xumuramutti maxxanti | haquu, dubbifamaa saaguu |
| *-oota* | Hundee / bu'uura jechaa birsaga gabaabaafi dheeraan xumuramanitti maxxanti. | haquun, saaguufi jijjiirraa walabaa |
| *-faa* | Maqaa dhuunfaatti maxxanti. | - |

Armaan olitti tokkoon tokkoon fufiitiif seera dhiyaate hubachuuf, waan sadii beekuun barbaachisaadha. Inni tokko hundee / bu'uurri jechaa fufii sana maxxanfachuuf Afaan Oromoo keessatti hayyamama / kennataa ta'uu qaba. Kana jechuun, hundeen / bu'uurri jechaa seerota dhiyaatan guutanii garuu fufii sana maxxanfachuuf afaanichi kan hinhayyamneef hinhojjetu jechuudha. Fakkeenyaaf, jechi *saree* jedhu /*ee*/n xumurame. Akka seera dhiyaateetti {*-ii*} fufata. Haata'u malee, Afaan Oromoo keessatti *sareeyyii* hinjedhamu.Yeroo kan akkasii nu mudatu, dubbachiisaa dhumaarra dhiisnee hundee jecha sanaa ilaaluutti ceena. Kunis birsaga gabaabaan waan xumuramuuf, {-oota} fufachuuf qophaa'aa ta'uu isaa hubanna. Inni lammataa, hundeen / bu'uurri jechaa fufii jedhame sana fufachuun seerota sana hordofu maqaa malee garee jechaa kan biraa ta'uu hindanda'u. Inni dhumaa ammoo, hundeen / bu'uurri maqaa kan seerota sana guutan garuu fufii jedhame sana fufachuu kan hindandeenye jiraachuu malu. Kun ammoo, amaluma afaanota maraati. Warra akkasii, addee 'exceptional' jechuun fudhachuun barbaachisaa ta'a.

Gama biraatiin, fufiilee heddummina maqaa maxxanfachuuf, jechoonni Afaan Oromoo keessaa akka murteessan agarra. Kana jechuun akkuma seerri Xiindhamsagaa, kan olitti dhiyeessine, fufiin kam jecha kamitti maxxanuu akka qaban addaan baafachuuf murteessaa ta'an, jechi maxxanfatuufi fufiin maxxanu sunis ga'ee guddaa taphatu jechuudha. Haaluma kanaan, jechoonni tokko tokko filatanii maxxanfatu; fufiileen tokko tokkos filatanii maxxanu. Kanaafuu, seeruma olitti tarreessineen yeroo isaan hinbulle agarra jechuudha.

## 6. Yaada Furmaata

Waraqaa qorannoo kana keessatti karaa saayinsawaa ta'een qoodamuu dhabuu fufiilee heddummina maqaa agarsiisaniin rakkoon barumsa Afaan Oromoo keessatti mul'atu ibsa armaan olitti kennameen furmaata argatee jira yaada jedhun qaba. Haata'u malee, rakkoon dhaaba / waaltina dhabuu fufiilee sanaatiin uumamu caasaa isaanii ibsuu qofaan furamuu hindanda'u. Qabanni isaa murtee siyaasaa waan barbaaduuf. Kanaaf ammoo itti gaafatamummaa guddaa kan qaban Koree Waaltina Aafaan Oromooti. Koreen kun caasaa jechaa qoratame walitti guuruun ogeeyyii qorachiisee tokko keessaa filachuun akka karaa

tokkoon barreessamu taasisa. Kana ammoo Biiroo Barnootaa Oromiyaatiif dhiyeessa. Biiroon barnootaas kitaaba barumsaa keessatti itti fayyadamuun waaltessa. Gabaabumatti, namni hunduu isa waalta'een akka hojjetu seeraan taraaruuf aangoo kan qabu siyaasa. Kanaafuu, Koreen Waltina Afaan Oromoo fufiilee afaanichaa qorachiisee haala idilee keessatti bifa walfakkaatuun barreessamaan walquunnamtii uumuun akka danda'amu yoo godhe barumsa Afaan Oromootiif tumsa guddaa taasisa abdii jedhun qaba.

## 7. Wabiilee


Abarraafi kanneen biroo (1998) *Caasluga Afaan Oromoo*.(Max.2ffaa.), Jil-1, Addis Ababa: Branna Printing Enterprise.

Abera Nefa (1982) 'Verb inflection in Oromo.' Addis Ababa University: Unpublished MA Thesis.

Abdulsamad Muhammad (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Caffee Oromiyaa, Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa (2011) *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa 'Afaan Oromoo Word and Its Structure'*. Finfinnee: Keyline Printing and Advertising Work PLC.

Addunyaa Barkeessaa (2016) *Semmoo: Bu'uura Barumsa Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Keyline Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa, Alamirroo Kaasahun, Tashoomee Egereefi Taarreeqeny Mokonnin (2012) *Barnoota Afaan Oromoo, Kitaaba Barataa, Kutaa 11 fi 12*. India: MK Publisher.

Adugna Barkessa (2009) *Terminology Related Problems In Teaching Afaan Oromoo*. RÜDIER KÖPPE VERLAG. KÖLN,

Allen, J. P. and Corder, S. P. (1975). *The Edinburgh Courses in Applied Linguistics* Vo1. 2. London: Oxford University Press.

Andrews, S. and McNeill, A. (2005). 'Knowledge about language and the good language teacher', in in Bartles, N. (eds.) *Educational Linguistics* Vol. 4, Spencer Science + Business Midia Inc.

Awasthi L. D. (2015). Language Instruction and medium of Instruction: experiences from Nepal. Paper presented for the Government of Nepal.

Bartles, N (2005). 'Applied Linguistics and language teacher education', in Educational Linguistics, Vol. 4, Spencer Science + Business Midia Inc.

Bauer, L. (1983). *English Word Formation*. Cambridge: Cambridge University Press.

Baye Yimam 1981. 'Oromoo substantives: some aspects of their morphology and syntax' Addis Ababa: Unpublished MA thesis.

Booij, G. (2005). *The Grammar of Words*. Oxford: Oxford University Press.

Borg, S. (2005). 'Experience, knowledge about language and classroom practices in teaching grammar', in Bartles, N. (eds.) *Educational Linguistics*,Vo.. 4, Spencer Science + Business Midia Inc.

Brown, H. D. (1994). *Principles of Learning and Teaching*. San Francisco: Prentices Hall.

Cantoni, M. (2007). 'What role does the language of instruction play for a successful education? A case study of the impact of language choice in a Namibian school. School of Humanities: unpublished MA thesis.

Catherine G. M. (2001). *A Grammatical Sketch of Written Oromo*. RÜDIER KÖPPE VERLAG: KÖLN, ISBN 3-89645 - 039-5.

Chomsky, N. (2002). *On Nature and Language*. Cambridge: Cambridge University press.

Cook, G. (1998), 'Linguistics and language teaching', in Keith Johnson and Helen John (eds), *The Encyclopedic Dictionary of Applied Linguistic*s, Oxford: Blackwell, pp. 198–207.

Cook, G. (2003). *Applied Linguistics*. Oxford: Oxford University Press.

Cook, G. and Seidlhofer, B. (eds) (1995).*Principle and Practice in Applied Linguistics*. Oxford: Oxford University Press.

Corbett, G. (2000). *Numbers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Davies, A. (2007). *An Introduction to Applied Linguistics.* Edinburgh: Edinburgh University Press.

Davies, A. and Elder, C. (2004) *The Handbook of Applied Linguistics*. USA: Blackwell Publishing.

Durand, J. (1999). *Generative and Non-Linear Phonology*. UK: Longman Group UK Limited.

Edward, F. (2004). *Language: Its Structure and Use*. Fort Worth: Harcourt Brace College Publishers.

Fasold, R. and Connor-Linton, J. (2014). *An Introduction to Language and Linguistics*: 2nd (edt.).Cambridge: Cambridge University Press, Retrived from www.cambridge.org.

Ferguson, C. A. and Das G. J. (1968). *Language Problems of Developing Nations*. New York: John Wiley and Sons.

Finch, G. (2005). *Key concepts in Language and Linguistics*. 2nd (edt.) Mcmillan: Palgrave.

Frajzyngier, Z. and Shay, E (2008).*Interaction of Morphology and Syntax*.Amsterdam : John Benjamins Publishing.

Fromkin, V., Rodman, R. and Hysms, N. (2011) *Introduction to Language*. 9th (edt). USA: Wadsworth.

Ganzabee, Kedir (2017). Xiinxala Afoola Seenaa Haajii Adam Saaddoo Ibsan. Addis Abbaba
University: Unpublished MA Thesis.

Geetachoo Rabbirraa (2017). *Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*:Dhaabbata Manxansaa Kurraaz Internaashinal.

Grag, G. (1976). 'Oromo of Wollegga'.*In* Bender, M. L. (eds.), *The Non-Semetic Language of Ethiopia.* East Lansing: Michigan State University Press.

Haspelmath, M. (2002). *Understanding Morphology*. London: Arnold.

Juffermans, K. (2010). Local languaging. Literacy products and practices in Gambian society. Tilburg: Tilburg University.

Katamba, F. (1993). *Morphology*. Basingstoke: Macmillan.

Knox, J. and Burns, A. (2005). 'Realization(s): systemic functional linguistics and the Language classroom in Bartles, N. (ed.) *Educational Linguistics*,Vol. 4, Spencer Science Business Midia Inc.

Kortmann, B. (2005). *English Linguistics: Essentials*. Berlin: Cornelsen Verlag.

Meyer, R. (2006). 'Walane: Discriptive Grammar of an East Gurage Language'. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dessertation.

O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. (1996).*Contemporary Linguistics Analysis:An Introduction*. 3rd (edt.), Tronto: Copp Clark LTD.

Pinnock, H (2009) Language and Education: the missing link Save the Children and CfBT.

Pinker, S. (1999).*Words and Rules: The Ingredients of Language*. New York: Basic Books.

RTI (2015). Planning for Language Use in Education: Best Practices and Practical Steps to Improving Learning Outcomes. USAID.

Salamoon Gadaa, Tashoomee Taaffeseefi Tasfaayee Jimaa (2012) Kitaaba Barataa, Kutaa 10ffaa. India: MK Publisher.

Siisay Margaa (2017). 'Xiinxala Dhiyaannaafi Tooftaawwan Hiika Jechootaa Barsiisuu: Haala Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa.' Addis Ababa University: Unpublished MA Thesis.

Spencer, A. (1991). *Morphological Theory: An Introduction to Word Structure in Generative Grammar*.UK: Blackwell.

Tadese Simbamo (2015) 'Documentation and Description of Hadiyya (A Highland East Cushitic Language of Ethiopia)' Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Tesfaye Baye (2015). 'A Discriptive Grammar of Burji (A Highland East Cushitic Language of Ethiopia)'. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Tesfaayee Deboc (2017). Qaaccessa Qabiyyee Darashii: Haala Qonnaan Bulaa Godina Haragee Bahaa, Aanaa Qarsaa: Unpublished MA Thesis.

Todd, L. (1995). *An Introduction to Linguistics*. Lonhman: New York press.

Williams, E (2006) Bridges and barriers: language in African education and Development. Manchester: St Jerome

Yule, George (2006). *The Study of Language: An Introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

ባዬ ይማም (2003).*አጭርና ቀላል ዘመናዊ የአማርኛ ሰዋሰዉ*:: ሁለተኛ እትም, አዲሰአባባ፡ Alpha Printers.

ጌታሁን አማረ (1990) *ዘመናዊ የአማርኛ ሰዋሰዉ በቀላል አቀራረብ*:: አዲስአባባ ፤ ንግድ ማተሚያ ድሪጅት.